Oromiyaa

Lakk. 336

Oduu

Konfiransiin hundee dhaabaa guutummaa Oromiyaatti adeemsifamaa jira

Konfiransii hundee dhaabaa guutummaa Oromiyaatti adeemsifamaa jiru kanaan karoora hojii dhaabaa kan baranaafi karoora hundee dhaabaa irratti akka mari'atamu waajjira giddu galeessaa Dh.D.U.Otti itti gaafatamaan itti aanaa damee sab-qunnamtii Ob. Halakaa Simbiruu ibsan.

Ob. Halakaa Himbiruu gaaffii gaazeexaa Oromiyaa irraa dhihaateef deebii kennaniin, akkaataa qajeelfama gurmaa'inaafi ijaarsa dhaabaa isa haaraatiin konfiransiin hundee dhaabaa kun ji'a sadi-sadiin adeemsifama. Haala kanaan konfiransii baatii sadi-sadiin adeemsifamu kana irratti raawwiin hojii baatii sadan darbanii ni qoratama, fuulduraaf qixni hojii baatii sadii ni kaa'ama, hogantoonni haaraan baatii sadan itti aananiif hundeedhaabaa gaggeessan nifilatamu.

Konfiransii baatii kana keessa adeemsifamaa jiru dhimmoota armaan olitti eeramaniin ala dhimmoota adda addaa irratti akka mari'atu Ob. Halakaan eeraniiru.Haala kanaan gama tokkoon hojii dhaabni bara kana hojjechuuf karoorfate irratti hundeen dhaabaa ni mari'ata. Gama biraatiin ammoo murtee yaa'iin 4ffaa dhaabaa dabarse hojiirra oolchuuf miseensi hundi hubannoo ga'aa akka argatu murteen yaa'ii dhaabaa bifa cuunfameen konfiransii kana irratti akka dhihaatu ibsa kenname irraa beekuun danda'ameera.

Gurmaa'insi kun hojii dhaabaa karaa idlee ta'een adeemsisuuf faaydaa guddaa qaba kan jedhan Ob. Halakaan, ittii fufuunis, rakkoowwan mudatan osoo hinturiin hiikuuf, gaggeessaan sadarkaa adda addaa irra jiru qabsoo keessatti cimee akka ba'u gochuuf adeemsi kun barbaachisaa ta'uu eeraniiru.

Haalli kanaan dura ture akka agarsiisutti miseensota horataman gurmeessanii hojii qabatamaa keessa galchuu irratti hir’inni akka ture Ob. Halakaan addeessanii, amma garuu waltajjiin akkanaa hanqina ture maqsuuf barbaachisaa ta’uu isaa ibsaniiru. Gaggeessonni hundee dhaabaa hirmaannaa miseensotaatiin akka ramadaman konfiransiin kun barbaachisaa akka ta’e, qabsoo finiinsuufi cimina keessoo dhaabaatiifis barbaachisaa akka ta’e ibsa kenname irraa hubachuun danda’ameera.

Akka naannoo Oromiyaatti hundeen dhaabaa 6,542 fi seelii 94,817 akka jiran beekuun danda’ameera.

Yuuniyeenichi xaa’oo kuntaala kuma 105 ol bituuf karoorfate

Yuuniyeeniin hojii gamtaa qonnaan bultootaa Gibee Dhedheessaa bara kana xaa’oo Daappiifi yuuriyaa kuntaala 105,190 bituuf karoorfachuu isaa gaggeessaan yuuniyeenichaa ibsan.

Gaggeessaan yuuniyeenichaa Ob. Ginbaar Waaqgaarii yaa’ii idlee 3ffaa yuuniyeenichaa irratti akka jedhanitti, bittaa xaa’oo kanaaf birriin 40,745,680 ramadamuu iaa dubbataniiru. Xaa’oon kunis miseensotaafi kanneen miseensa yuuniyeenichaa hintaaneef akka dhihaatu dubbataniiru.

Gaggeessaan yuuniyeenichaa Ob. Ginbaar Waaqgaarii dabalanii akka jedhanitti, sanyii filatamaa Boqqollee, Qamadiifi Akuraatarii kuntaala 10,405, keemikaalaafi meeshaalee biiftuu adda addaa kanneen akka, Tufordii Lit. 8000, meeshaa biiftuu 200 miseensota isaaf kan dhiyeessu ta’uu ibsanii, Tiraakteeroota 6, meeshaa Felfeltuu boqqolloo wajiin waldaalee 6f ni dhiyaata jedhanii, shaqaxa adda addaa akka fedhii miseensota kanaan ajajametti dhiyeessuuf qophaa’oo ta’uu beekuun danda’ameera.

Daldaala midhaanii ilaalchisees omisha gosa adda addaa saliixii, Nuugii, Boqqolloo, A/Atariifi bisingaa kuntaala 56,523 birrii 11,937,700.60n bituun gabaa giddu galeessafi gabaa Addunyaaf dhiyeessuuf karroorri qabamuusaa dubbataniiru.

Dhimma kana raawwachiisuufis Liqiin birriin 33,869,298 akka isaan barbaachisu ibsaniiru

Godina Jimmaatti dargaggoota kuma 23 gurmeessuun hojii keessa galchuuf karoorfame

Bara 1999 kana godina Jimmaatti dargaggoonni hojii maleeyyii kuma 23 carraa hojii adda addaatiin gurmaa'anii hojii keessa akka galan karoorfamuu isaa biiroo dhimma dargaggootaafi ispoorti godinichaatti dursaan garee dhimma dargaggootaa beeksisan.

Dursaan garee kun Ob. Geetaachoo Cammir gaazeexaa Oromiyaaf akka beeksisanitti, dargaggoota kanneen gurmeessanii hojiitti seensisuuf bajanni birriin 4,464,450.36 ramadamuu isaa ibsaniiru. Itti fufuudhaafis, bajanni baranaa kun kan bardheengaddaa birr. 5,076,108.50 waliin wal cinaatti yemmuu ilaalamu kan baranaa birr. Kuma 600 oliin akka gadi bu'e eeraniiru.

Haa ta'u malee carraan hojii kun baasii malee, baasii xiqqaafi baasii guddaa jedhamuun kan adda ba'u ta'uu Ob. Geetaachoon eeranii, bajanni baranaa kun kan bardheengaddaa irraa gadi haa bu'u malee baay'inni dargaggoota hojiitti seenanii kan bardheengaddaa caaluu akka danda'u dubbataniiru. Sababni isaas carraa hojii baasii maleetti bal'inaan gargaaramuuf karoorfamuu isaa dabalanii addeessaniiru.

Bara 1998 bajata birrii 5,076,108.50 ramadameen dargaggoota 19,944 waldaalee 1034 jalatti gurmeessuudhaan isaan keessaa dargaggoota 17,181 waldaalee 879 jalatti gurmaa'an hojiitti seensisuun akka danda'ame Ob. Geetaachoon addeessaniiru.

Aanaa Kombolchaatti oomisni kudraa kuntaala 117 argame

Godinaa Harargee bahaa aanaa Kombolchaatti oomisha gannaatiin kudraan kuntaala 117,352 argamuu isaa waajjirri qonnaafi misooma baadiyaa aanichaa beeksise.

Itti gaafatamaan waajjirichaa Ob. Abdii Bushuraa gaazeexaa Oromiyaatiif akka beeksisanitti, oomishni kudraa kun aanichatti waggaa gara waggaatti dabalaa dhufuu ibsanii, qonnaan bultoonni ispeeshaalaayiz gochuun oomishaa jiru jedhaniiru.

Haaluma kanaan oomishni argame kun lafa heek. 2126 irratti akka oomishame Ob. Abdiin eeranii, qonnaan bultoonni 5,134 fayyadamaa ta’uu isaanii addeessaniiru. Qonnaan bultoonni aanichaa bishaan roobaa kuusuufi eela qotachuun kudraa oomishanii galii isaa dachaan guddifachaa akka jiranis Ob. Abdiin dabalanii ibsaniiru.

Qonnaan bulaan aanichaa bu’aa argate kanaan motora bishaanii 5,131, baabura midhaan daaku 100 fi konkolaataa adda addaa bitachuu isaa itti gaafatamaan kun beeksisaniiru. Itti fufuunis, qonnaan bulaan aanichaa %30 ta’u guyyaatti galii doolaara Ameerikaa 1 ol argachuu akka danda’e dabalanii addeessaniiru.

Cimina siyaasaa dhaabbaatiif konfiransiin fufiinsa qabu barbaachissadha

Dhaabbanni siyaasaa tokko galma ga'insa kaayoo isaatiif humna siyaasaa miseensota isaa cimsuun akka isa irraa eegamu ni beekama. Miseensonni isaa siyaasaadhaan cimanii qabsoo ho'aa akka taasisan gochuun barbaachisaadha.

Dhaabbanni demokraatawaa ummata Oromoo (Dh.D.U.On) paartii siyaasaa naannoo Oromiyaa bulchaa jiru ta'uu isaatiin kaayoo qabatee ka'e galmaan ga'uuf miseensa horachuufi miseensa horate kana ammoo humna siyaasaatiin cimsuun isa irraa eegama. Akkuma yaadatamu Dh.D.U.On adeemsa kanaan dura tureen sochii miseensa horachuufi kan horate hojii qabatamaa keessa galchuuf taasisaa ture keessatti hir'inaanni adda addaa turaniiru.

Sochiin miseensa horachuu kun, keessumaa ammoo filannoo marsaa 3^{ffaa}tii as cimaa akka dhufe hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee miseensa kana gurmeessuudhaan hojii qabatamaa keessa galchuu keessattii hanqina ture maqsuuf yeroo ammaa sochiin cimaan taasifamaa jira. Kana qabatamaan mirkaneessuuf konfiransiin hundee dhaabaa baatii sadi-sadiin akka ademsifamu ta'eera. Waajjira giddu galeessaa Dh.D.U.Otti itti gaafatamaan itti aanaa damee sab-quunnamtii Ob. Halakaa Simbiruu akka jedhanitti, gurmaa'insa amma jiruun konfiransiin hundee dhaabaa osoo walirraa hincitiin baatii sadi-sadiin ni adeemsifama. Konfiransiin kun akkasiin akka adeemsifamu dambiin ittiin bulmaata dhaabaa haaraan ni eeyyama. Haala kanaan baatii Sadaasaa kana keessa kunoo konfiransiin hundee dhaabaa adeemsifamaa jira.

Akkuma armaan olitti eerame konfiransiin akkasiin adeemsifamu kun cimina dhaabaaf baay'ee barbaachisaadha. Akkaataa adeemsa konfiransii kanaatii gabaasni hojii dhaabaa kan baatii sadii ni qoratama. Baatii sadan itti aananiif ammoo qixni hojii ni kaa'ama. Kana malees baatii sadan itti aananiif hoggantoonni hundee dhaabaa gaggeessan haaraan ni filamu. Haalli kun ciminni dhaabaa karaa ittiin jabaatu keessaa tokko. Miseensi hojii qabatamaan itti kenname kun dirqama isaa hammam akka ba'e kan ittiin ilaalamu ta'a. Gama biraatiin ammoo hoggantoonni hundee dhaabaa kallattiidhaan miseensaan akka filataman gumaacha guddaa qabaata. Gaggeessaan sadarkaa adda addaa

irra jiru bilchaatee (cimee) akka ba'us ni gumaacha. Walumaa gala qabsoon ho'aan akka adeemsifamu faaydaa olaanaa ni qabaata.

Haa ta'u malee akka Ob. Halakaan jedhanitti, konfiransiin hundee dhaabaa kan baatii kanaa kun hojii baatii sadan darbanii qofa hin qoratu, karoora hojii baatii sadii irratti qofa hin mari'atu. Hoggantoota hundee dhaabaa baatii sadiif tajaajilan filatee qofa addaan hin ba'u. Ajandaan marii konfiransii kanaa dhimmoota adda addaa of keessaa ni qabaata.

Gama tokkoon karoora dhaabaa kan waggaa kanaa irratti mariin ni adeemsifama. Hubannoo ga'aa ta'een akka hojii baranaa keessaa galamu irratti mariin bal'aan ni adeemsifama. Gama biraatiin ammoo konfiransiin kun borumtaa yaa'ii dhaabaa kan adeemsifamu waan ta'eef murtee yaa'ii dhaabaa karaa ifa ta'een cuunfamee konfiransii kana irratti ni dhihaata. Miseensi hundee dhaabaa sadarkaa hundaa jiru konfiransii kana irratti akka ajandaa tokkootti irratti ni mari'ata.

Akkuma beekamu yaa'iin dhaabaa 4ffaa adeemsifame mataa duree "bulchiinsa gaarii irratti geeddarumsa bu'uraa haafinnu" jedhuun ture. Kanaaf gama bulchiinsa gaariitiin geeddarumsa bu'uraa fiduuf maaltu nurraa eegama? kan jedhu irrattis konfiransiin kun ni mari'ata. Akkaataa yaa'iin murteesse sanaan geeddarumsa bu'uraa fiduuf konfiransiin kun sochii adda addaa akka taasisuufi karoora akka qopheeffatu ni eegama jechuun ture Ob. Halakaan kan addeessan. Bakka muraasatti kan hafeen ala konfiransiin kun sadarkaa manneen barnootaatti adeemsifamee xumuramuu isaas ibsa kenname irraa beekuun danda'ameera.

Konfiransii adeemsifamu kana irratti hirmaattota irraa hirmaannaan ho'aan akka eegamu Ob. Halakaan ibsaniiru. Miseensonni kaayoo dhaaba kanaa fudhatanii gara dhaabaatti seenan imaammattoota dhaabaa galmaan ga'uuf qabsoo guddaatu isaan irraa eegama. Gaggeessummaan ga'ee gaggeessummaa isaa, miseensis mirgaafi dirgama isaa ba'uun waltajiiwwan ittiin madaalaman keessaa konfiransiin kun isa tokkodha. Kanaaf xiyyeeffannoon konfiransii kanaaf kennamu guddaa ta'uu akka qabu. Ob. Halakaan eeraniiru.

Akka naannoo Oromiyaatti yeroo ammaa hundeen dhaabaa 6,442 akka jiru ibsa Ob. Halakaan kennan irraa hubachuun danda'ameera.

Ijoo Dubbii

Bulchiinsa gaarii saffisaan misooma saffisaaf

Akka naannootti, naanoo keenya Oromiyaa keessattis ta’e guutummaa biyya keenyaa Itoophiyaa keessatti hojii misoomaa, nageenyaa, ijaarsa sirna demokraasiifi qaroomina hawaasummaa sadarkaa barbaadamuun mirkaneessuudhaaf hunda dura dhaaba keenya cimsuun,kaayoo dhaaba keenyaatiif kutannoodhaan hojjechuun murteessaa ta’a. Kana fiixa baasuudhaaf ammoo, ummata bal’aa, ofcina hiriirsuun, sochiilee hundumaa keessatti ummata bal’inaan hirmaachisuun furmaata hunde qabeessa ta’uun isaa kan wal-nama gaafachiisu hinta’u.

Ummata bal’aa of-cina hiriirsuufi hojii hunda keessatti guutummaan hirmaachisuun ammoo wanta biraa guddaafi rakkisiisaa ta’e kan gaafatu utuu hintaane, bulchiinsa gaarii qulqullina qabu sadarkaa hundatti mirkaneessuu qofaa kan gaafatuudha. Dhugaadha, haala qabatamaan jiru akkuma hubachiisu, bulchiinsa gaarii qulqullina qabu sirriitti mirkaneessuun waan akka salpaatti ilaalamu miti. Jalqaba hundaa amantaa keessa ofiitii burqu, amanamummaa kaayoo, kutannoo akeeka dhaaba keenyaatiif qabnu gaafata. Kanarratti dabalee garuu beekumsaafi dandeetti humna raawwachiisamaa, leenjiidhaan argamu barbaada. Kunneen bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf barbaachisan biroo dabalatee, dhimmoonni armaan olitti ibsaman lameen guutamanii argamnaan bulchiisa gaarii mirkaneessuuf ulfaataa hin ta’u.

Mootummaan keenya, mootummaan Itoophiyaa Dh.D.U.O/ADWUIn gaggeeffamus ta’e dhaabni keenya, bulchiinsa gaarii mirkaneessuudhaan sochii misoomaa ummata kumaatamootaan hirmaachise adeemsisuudhaaf karaa kanaanis guddina misooma dinagdee ummaticha fayyadamaa taasisu argamsiisuudhaaf kallattii adda addaatiin yaalaa, dhama’aa tureera, ammas dhama’aadhuma jira. Dhamaatiin kunis, barruu /barreeffama/ paakeejii bulchiinsa gaarii qopheessuudhaan, leenjii ijaarsa dandeetti yeroo garaa garaa sadarkaa garaa garaatti kennuudhaan, waltajjii mareefi muuxannoo wal-jijjiiruf gargaaru bal’inaan qopheessuun kan mul’atu akka ta’e ni beekama. Kana hundumaa walitti qabnee yoo ilaalle, dhaabni keenya

Dh.D.U.O/ADWUIn bulchiinsa gaarii hunde qabeessa mirkaneessuudhaaf kutannoo hagam akka qabu sirriitti nu hubachiisa.

Paakeejiin (gurmuun) bulchiinsa gaarii haala adda addatiin kan mul'atuu waan hedduu kan of keessatti qabatu yoo ta'eyyuu dimshaashaan qabxiiwwan saddettan tokkoon ibsamuu danda'a. Kunneen kunis, ummata hirmaachisuu, rakkoof dafanii deebii kennuu, iftoomaan hojjechuu, gaafatamummaan hojjechuu, haqa qabeessummaa qabaachuu, olaantummaa seeraa kabajuu, saffisaafi bu'a qabeessumaa ta'uu jedhamanii kaa'amuu danda'u.

Egaa, kunneen kun hojiirra ooluu dhiisuu isaaniitiin kan ka'e, yookiimmoo akkaataa barbaadamuun hojiirra ooluu dhabuu isaaniitiin kan ka'e sochiin misoomaas ta'e guddinni dinagdee yeroo barbaadame keessatti atattamaan mirkanaa'un hin dandeenye. Kunimmoo ummanni kaayoofi uumama ummatumaa Dh.D.U.O/ADWUI irratti amantaa cimaa qabaatullee, haala garaa garaatiin komii keessa akka galu taasiseera.

Kanaafuu, hanqina bulchiinsa gaarii kana atattamaan maqsinee ummata bal'aa kumaatamaan of-cina hiriirsinee, guddinni misooma dinagdee saffisaan mirkanaa'ee biyyi keenyas ta'e ummanni keenya rakkina keessaa akka ba'u gochuuf tattaafachuu qabna. Kanaan ala murtee yaa'ii dhaaba keenyaa hojiirra oolchina jechuun qabatamaa ta'uu hin danda'u.

Aaga badhaadhinaa

Callaan akka aanaatti dabalu karoora Naannotis ni milkeessa

Aanaan sokorruu, aanaalee godina jimmatti argaman keessaa isii tokko. Godina jimmaa yemmuu maqaan ka'u, kan sammuu namootaa keessa naanna'u omisha bunaati. Dhugaadha, Jimma omisha bunaatiin beekamtuudha. Garuu omisha bunaa qofaan miti, kan beekamtu. Omisha midhaanota nyaataanis beekamtuudha. Aanaalee omisha midhaaniitiin beekaman keessaa isiin tokko, aanaa sokorruuti. Aanaan tun Finfinnee ka'anii gara Jimmaa yeroo deeman laga Gibee cehanii aanaa itti seenaniidha. Qophiin keenya maxxansa kanaa aanaa kanarratti waan xiyyeeffatuuf aanaa sokorru isin beeksisuudhaan qophii keenna jalqabne dubbistoota keenna kabajamoo.

Barreeffama kanaan aanaa sokorruu irratti xiyyeeffannee dhimmi isin dubbisiifnu haala callaa bara 1998/99ti. Akka beekamu, waggoota sadan darban guddina walfaanaa biyya keennatti galma'eef, dameen dinagdee qooda guddaa taphate qonna ta'uunsaa ni beekama. Bara callaa 1998/99ttis haaluma walfakkaataa ta'een callaa qonnaa guddisuudhaaf, tumsi guddaan taasifamaa tureera. Sadarkaa biyyatti yeroo afraffaadhaaf dinagdicha guddisuun akka danda'amuuf.

Ganna darbe biyya keennatti roobni ulfaachuunsaa ni beekama. Roobni ulfaataan bakka tokko tokkotti miidhaa dhaqqabsiisuunsaa waan beekamu. Galaanni lafa midhaan itti qotame irra garaa galee biqila facaafame baayyinaan balleesseera. Gama kanaan midhaan dhaqqabe akka jirutti ta'ee, roobni ga'aan akka biyyatti roobuunsaa faaydaan guddaan kennes jira. Keessattuu aanaalee gammojii duraan hanqinni roobaa isaan muddatuuf heddu tolee argameera. Waan ta'eef, midhaan duraan hanqina roobaatiin utuu firii hingodhatin badu, bara kana haalaan ga'uu danda'eera; ummannis quufee nyaateera.

Qixa kanaan aanaan sokorruu akkamitti ilaalamti? waan jedhu isin dubbisiifti qophii Aaga Badhaadhinaa.

Waajjira misooma baadiyaafi qonnaa aanaa sokorrutti, dursaa garee misoomaa fi eegumsa midhaanii kan ta'an Ob. Makkoniin Gammachuu akka ibsanitti,, omishi qonnaa

bara kana aanaa sokorrutti eeggamu dhibbeenta shantamaan dabala jedhamee hedama. Ummata aanichaa keessaa hundinuu jechuun ni danda'ama (harki caalaan) qonnaan jiraata. Midhaanota aanichatti omishaman keessaa boqqolloon sadarkaa duraa kan qabatu yoo ta'uu, bishingaan sadarkaa lamaffaa irratti argama. Isaan kana malees, midhaanotiin dheedhii fi dibataanis akka teessuma lafaatiin, baddaa, badda dareefi gammojitti ni omishamu.

Akka Ob. Makkonnin ibsanitti, aanaa sokorruutti sagantaan ekisteenshiin paakeejii erga jalqabamee as, omishi aanichaa dabalaa dhufeera. Keessumattuu, waggootii shanii asitti callaan aanichatti omishamu guddaa dabaleera. Callaan aanichatti omishamu bara baraan dabalaa sababa dhufeef Ob. Makkonnin yemmuu ibsan:

"Qonnaan bulaan bara baraan faaydaa qonna irraa argamu barataa deemeera. Kanaaf, yeroo qotu midhaan gabaa qabu, kan callaa baayyinaan kennu irratti xiyyeeffatee hojjataa jira. Gorsi gama ekisteenshiniitiin kennamus wagga-waggaan baayyataa dhufeera. Fakkeenyaaf, waggaa sadii duraa, hojjatoonni misoomaa akka aanatti jiran 15 kan hin caalle turan. Nama tokkotu gandoota 4-5 keessatti hojjata. Amma ganda tokko keessatti ogeessota sadiitu, jechuunis, ogummaa misooma midhaaniitiin, eegumsa qabeenna naannootiifi fayyaa horiitiin leenjji'anii, ganda tokko keessatti tajaajila kennu. Waliigala ogeessotiin 89 ganda-gandatti ramadamanii tajaajila kennaa jiru. Kana birattis qonnaan bulaan bara baraan qophii lafaa fooyyessaa dhufeera. Lafa kmtu midhaan kamiif ta'a waan jedhu hubataa dhufeera. Lafa gammoojii duraan hin qotamnes yeroo ammaa baayinaan qotuu eegaleera. Waan ta'eef callaan aanichaa waggaadha gara waggatti dabalaa dhufeera," jedhan.

Callaa bara 1998/99 omishamullee dhibbeentaa shantamaan dabaluudhaaf waajjirri baadiyaafi misooma qonna aanaa sokorruu kan karoorfate. Kana hojii irra olchuuf lafti hektaara kuma 51 taatu qotamtee midhaaniin uwwifamteerti. Lafa tana irraa callaa kuntaala 661,517 omishuudhaaf karoorrri kan qabame. Amma gaaffiin jiru, haala karoorfameen omishuun danda'ameeraay? kan jedhuudha.

Callaan jedhame haal karoorfameen argame moo? hin argamne? Gaaffii jedhuuf deebii jala murame kennuun hin danda'amu. Sababnisaa callaan walitti qabamee waan

hin xumuramneef. Garuu callaa maasii irra jiru ilaaluun tilmaamuun ni danda'ama. Kanumarratti hunda'uun Ob. Makkonniin Gammachuu yaada nuu kennan irraa hubachuun akka danda'ametti callaa bara callaa 1998/99 omishamu, haala karoorameen dabaluu danda'a. Maalirraa ka'anii akkana jechuu danda'an?

Akka Ob. Makkonniin ibsanitti, roobni ganna darbe roobe, aanichatti guddina callaatiif haala gaarii uumeera. Arfaasaattis ta'ee ganna rooba barbaadamutu argame. Xaa'oon qonnaan bulaan barbaadu yeroodhaan dhiyaateera. Fakkeenyaaf, Daappiin kuntaala 1170.5 fi yuuriyaan kuntaala 1363.5 yeroodhaan raabsameera. Boqqolloon sanyiin filatamaan BH 660 jedhamu kuntaalli 308.65 fi 'Taabor" kan jedhamu kuntaalli 35.75 yeroon qonnaan bulaa akka dhaqqabu taasifameera; sanyiin filatamaan dhiyaate, gaaffii qonnaan bulaan dhiyeesse waliin kan wal hin gitne ta'ullee. Tajaajilli ekisteenshinitis ballinaan kennameera. Qonnaan bulaanis lafasaa yeroodhaan qopheesseera. Haala sanyii isaa itti facaasuufi yeroo sanyiin biqila irra jiru haala itti kunuunsu sirritti barataa dhufeera. Asirraa yoo ka'amu callaan walitti qabame beekamu baatus, callaan maasaa irratti mul'atu haala gaarii irra waan jiruuf karoorri qabame milkaa'uu danda'a yaada jedhutu jira.

Tajaajilli ekistenshinii aanichatti kennamaa jiru, yeroodha gara yerotti babal'achaa dhufusaa ragaaleen kan birootis mirkaneessan jiru. Bara darbe keessa qonnaan bultoonni adda duree ta'an sadarkaalee addaddatti badhaafamuun isaanii waan yaadatamu. Akka aanaa sokorrutti sadarkaa aanatti qonnaan bultoonni badhaafaman 301. Sadarkaa godinatti isaan keessaa 14 badhaafamaniiru. Sadarkaa naannotti ammoo qonnaan bultoonni lama. Badhaasni kun qonnaan bultoota baayyee biratti hamilee guddaa uumeera. Kan darbe caalaa cimanii akka hojjatanis taasiseera. waldorgomuudhaan. Kunis callaan eegamu akka dabalu sababa godhu keessaa isa tokko.

Badhaasni sadarkaa addaddatti kennamaa jiru kun bu'aa heddu argamsisaa jira. Gama tokkon, qonnaan bultoota cimanii hojjachuun jireenya isaanii fooyyeffatan, sadarkaa amma irra ga'an caalaa cimanii akka deeman, halkanii-guyyaa dadhabne utuu hin jenne akka hojjatan, hamilee isaanii sadarkaa ol'aanaan kakaaseera. Gama biraatiin, qonnaan bultoonni hin badhaafamne,"akka worra badhaafamanii cimnee hojjachuudhaan

badhaafamuu qabna” jedhanii morka guddaa keessa galanii hojachaa jiru.Kaayoon badhaasichas kanuma ture. Haala kanaan hojii qonnaa keessa galuun qonnaan bultootaa dabaluu callaa qonnaatiif shoora guddaa taphateera. Aanaa Sokorruttis kanuma arguu dandeenne.

Walumaagalatti, aanaa sokorruutti callaan barana eegamu ni dabala jedhamee hedama. Callaa akka Naannootti dabaluudhaaf karoorfame raawwii milkeessuudha. Guddina utuu walirraa hin cinne bara kana dabaluudhaaf hojjatamaa jiruufis waan gaarii gumaacha. Mucha-muchaa bayee aannan ta’a jedhama mitii?